**DOI:** https://doi.org/10.20372/jdq.v1i2.879
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dil. Qor.** *Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2),* **17-36**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Ga'ee Geerarsi Eenyummaa Waloo Ijaaruu Keessatti Qabu

Waaqgaarii Tasfaayee[1*], Waaqtolaa Waaqjiraa[2*], Guddataa Abdiisaa[3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

## Axereraa

*Hawaasni tokko haala ittiin eenyummaa isaa ibsatuufi ijaarratu adda addaa qaba. Haalota kana keessaa immoo geerarsi isa tokkodha. Qorannoon kunis 'Ga'ee Geerarsi Eenyummaa Waloo Ijaaruu Keessatti Qabu' irratti xiyyeeffata. Hanga qorataan sakatta'etti qorannoon ga'ee geerarsi ijaarsa eenyummaa waloo keessatti qabu irratti geggeeffame dhibuufi haalli siyaasaa Sirni Badhaadhinaa hordofu eenyummaa sabootaaf bakka kennuu irratti laafinni jiraachuun ka'umsa ta'eera. Qorannoon kun qorannoo sanyaabsaa ta'ee, maddi ragaa qorannichaas madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha. Ragaaleen qorannichaa Godina Wallagga Bahaa aanaa Giddaa Ayyaanaafi Waayyuu Tuqaa, Godina Buunnoo Beddellee keessaa Aanaa Gachiifi Godina Horro Guduruu Wallaggaa keessaa Aanaa Jimmaa Gannatii irraa funaaname. Raghimtoonni qorannichaa jiraattota aanalee kana keessaa warreen geerarsa irratti hubannoo qaban maanguddootaafi dargaggoota mala iddatteessuu kaayyeffataafi darbaa dabarsaan iddatteeffamanidha. Ragaaleen kunneenis daawwannaa, marii gareefi afgaaffiidhaan funaanaman. Geerarsoonni eenyummaa waloo ijaaruuf oolan kunneenis mala galmeessa ragaalee garaagaraa kanneen akka yaadannoo dirree qabachuu, suuraa kaasuu, sagaleefi suursagalee waraabuun funaanaman. Geerarsoonni kunneenis yaaxxinnoota haalawaa, faayidaalessummaafi ijaarsitoota haala hawaasaan xiinxalamaniiru. Argannoon qorannoo kanaas Oromoon dachee irratti dhalateefi irra jiraatu biyyakoo jedhee dhaloota boodaan dhufu keessa kaa'a. Kanamalees, faayidaa tokkummaa qabaachuun qabuufi sirnaafi siyaasa isa cunqurse irratti diddaa agarsiisuun fala akka ta'e dhaloota boodaan dhufu barsiisa. Itti dabalees, mallattoo eenyummaa isaa kan ta'e aadaafi seenaa isaa geerarsa keessaan akka ibsatu qorannoo kanaan bira ga'ameera.*

## Article Information

**Article History:**
Received: 09-07-2023
Revised: 20-09-2023
Accepted: 25-11-2023

***Jechoota Ijoo:*** *Geerarsa, eenyummaa, eenyummaa waloo, ijaarsa eenyummaa waloo*

**Qorataa Muummee:* *Waaqgaarii Tasfaayee*

*E-mail: wakgari20@gmail.com*

Copyright@2023 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## Seensa

Oromoon uummattoota gurguddoo Afriikaa keessatti argaman keessaa isa tokko akka ta'eefi Itoophiyaa keessatti immoo baay'inaan sadarkaa tokkoffaa irra akka jiru biyya isaa immoo Oromiyaa jedhee akka waamu Asafa (2007) ni ibsa. Oromoon akka seenaafi aadaa isaa hin calaqqisiifne, eenyummaa isaa akka hin ibsanne, akkaataa fedha isaatti jireenya isaa akka hin geggeeffanne godhamaa akka ture afoola Oromoon fayyadamuufi galmee seenaa garaagaraa yoo banan hubachuun ni danda'ama. Akka Asafa (2007) ibsutti, warri Absiiniyaa Sabaafi Sablammoota biyyattii (Oromoo, Sidaama, Walaayittaa, Ogaaden-Sumaaleefi kkf) erga koloneeffatanii booda aadaafi seenaa isaanii irratti fe'ani. Aadaafi seenaan sabaafi sablammootaas dhokatee kan isaanii ol'aantummaa akka argatu taasisani. Hawaasa kamiifiyyuu aadaafi seenaan isaa mul'istuu eenyummaa isaati.

Wantoota eenyummaa ijaaruuf oolan keessa tokko afooladha. Afoolli Oromoo waa'ee biyyaa, sabboonummaa, amala dhuunfaa, gareefi waloo ijaaruufi calaqqisuu ni danda'a (Coposescu, 2011). Akka waraabbii kanaatti eenyummaawwan jiran keessaa eenyummaan waloo tokkodha. Akka Tesfaye (2019) ibsetti, Oromoof meeshaan hawaasummaa inni guddaan afoola isaati. Afoolli Oromoo gaariifi hamaa, safuufi safuu hin qabnee, kan diigaafi ijaaraa, yaadaafi gocha adda baasuu irratti xiyyeeffannoo guddaa kenna. Kunneenis bifa sona, muddama, raagamtaa, muuxannoo waloo, hubannoo xiinsammuufi beekumsa gadifagoon kuufamanii argamu. Dhaloota gara eenyummaa barbaadamaa ta'e tokkootti hawaasomsuun kan danda'amu immoo oduu durii, walaloo, sirba, faaruu jajuu, mammaaksa, seenaafi kanneen biroo fayyadamuudhaan ta'uu danda'a. Wantoonni afoolaan dhalootaa dhalootatti daddarban kunneenimmoo eenyummaa Oromoo keessatti miseensoota itti gaafatamummaa qaban ijaaruuf mala tokko ta'ee jira (Tesfaye, 2019, f. 16-17).

Gosoota afoolaa eenyummaa ijaaruufi ibsuuf tajaajilan keessaa tokko immoo geerarsadha. Yaadrimeen geerarsa jedhu hawaasaafi afaanota garaagaraa keessatti bifa walfakkaataan kan hubatamu miti. Barreessitoonni Afaan Ingiliizii geerarsa akkaataa garaagaraatiin waamu. Akka Propp (1984) jedhutti, yaadrimee *'War song'* fi 'Heroic Epic Poetry' jedhu akka geerarsaatti yoo fayyadamu, Finnegan (1977) immoo 'war song' jetti. Jechoonni Afaan Ingiliizii keessatti akka waan geerarsa bakka bu'aniitti ilaalaman garuu guutummaa guutuutti yaadrimee geerarsaa kan ibsan miti. Sababni isaa, Oromoon geerarsa waan lolaan wal qabatuufi gootummaa qofaaf hin geeraru. Akka Cerulli (1922) fi Baxter (1986) geerarsa qoqqoodanitti, geerarsi geerarsa adamoo, geerarsa lolaa, seenaafi dhimmoota siyaasaa jedhama. Kanaafuu, akka Oromoon afoola isaa keessatti itti fayyadamutti, geerarsi dhimmoota garaagaraa irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, geerarsi Oromoon itti fayyadamu jecha Afaan Ingiliiziitiin jiruu ol bal'aadha.

Geerarsi gooroowwan afoolaa keessaa tokko ta'ee, bifa walaloon kan dhiyaatuudha. Walaloon geerarsaa kun kan namoonni gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, rakkina, quuqama, muuxxannoofi mudannoo; akkasumas, gootummaafi jabina ofii ittiin kan calaqqisiifatanidha. Finnegan (1977, f. 11) yoo ibsitu, *"War song is one type of oral poetry. It*

*is a means of expressing feelings,"* jetti. Akka ibsa kanaatti weedduun lolaa ykn geerarsi gosa afwalaloo keessaa tokkodha. Kunis, karaa namni tokko miira isaa ittiin ibsatu dha jetti. Biyyi tokko qaama alaafi keessaan waraanni yoo irratti baname hawaasni dammaqee akka inni diina isaa ofirraa lolu malli ittiin taasifamu keessaa tokko geerarsadha. Kana malees, Eshete (2008, f.187) geerarsa yoo ibsu "the geerarsa is the voice of a hero society, and heroism is the basis for national existence" jedha. Kana jechuun, geerarsi sagalee saba goota ta'ee; gootummaan immoo hundee jireenya biyyaati. Kanaafuu, Oromoon geerarsatti fayyadamee eenyummaa barbaadu tokko dhaloota boodaan dhufu keessa kaa'a.

Geerarsaan eenyummaawwan gosa garaagaraaru ibsamuufi ijaaramuu danda'a. Akka Coposescu (2011) tti, ijaarsi eenyummaa ijaarsa eenyummaa dhuunfaafi waloo jedhamee bakka lamatti qoodama. Asafa (2007) immoo ijaarsa eenyummaa dhuunfaa, gareefi waloo jedheetu bakka sadiitti qooda. Haaluma kanaan, gosoonni eenyummaa sadeen kun haala jiruufi jireenya Oromoo keessatti kanneen calaqqisanidha. Haaluma kanaan, qorannoon kun geerarsa Oromoo keessatti haala eenyummaan waloo ijaaramuufi ibsamu xiinxaluu irratti xiyyeeffata.

Eenyummaan waloo eenyummaa gareen namootaa waliin qaban irraa kan ijaaramedha. Eenyummaan waloo beekamtii argachuu isaa kanatu miira gareen adda ta'uu uuma (Oring 1994, f. 212, Hewitt, 1994, f. 113). Miirri eenyummaa waloo miira tokkummaa ofkeessaa qaba. Miirri tokkummaa eenyummaa garee immoo amalawwaniifi muuxannoo waliin qabaniin walqabata. As keessatti wanti barbaachisaan mul'atu miira waliin dhaabbachuuti (Oring 1994 fi Gleason, 1983). Kana malees, eenyummaan waloo walfakkeenya lammiilee, waan waliin qaban, ulaagaa miseensummaa garee, dhimmoota uummata kanneen biroo irraa ittiin adda ta'an irratti xiyyeeffata.

Eenyummaan waloo akka taatee garee garaagaraa irraa uumameetti yaadama. Melucci (1989, f. 793) adeemsa eenyummaa waloo akkas jechuun eera: Eenyummaan waloo hiika wal-qunnamtii, hiika dirreewwan qorannoo garaagaraa waliin geggeessaniifi danqaawwan tarkaanfii waloo irratti dhiyaatan namoota dhuunfaa hedduudhaan oomishamaniin kan ijaarameefi walitti dhufeenya namoonni dhuunfaa garee waliin qaban uumuuf irra deddeebiin gochoota raawwatamanidha. Akkuma namni dhuunfaan hawaasa keessatti guddate irraa mallattoolee (fakkeenyaaf afaan), wantoota murtaa'oofi waliigalaa ittiin hubatu garee hawaasichaa ta'uu keessatti of arga. Kunis kan ta'u namoonni sammuu guutuun of-ta'uu, gara fuulduraattis ittiin of-himuun irraa mul'ata (Hewitt, 1994). Kana jechuun eenyummaa waloo dhimmoota hawaasni waliin qabu kanneen akka afaanii, biyya, diddaa haala siyaasaa, hawaasummaa, aadaafi seenaa wajjin walqabata.

Sochii Akka lakkoofsa Awurooppaatti bara 1980moota irraa eegalee hayyoonni eenyummaa waloo akka waan hirmaannaa diddaa kakaasutti cimsanii dubbatu turani. Ogeeyyiin xiin-hawaasummaa hirmaannaa diddaa keessatti barbaachisummaan eenyummaa waloo sadarkaa jalqabaa irra akka jiru cimsanii kaasaa turan. Sochiin (kan wasaas-dinagdeefi siyaasaa ta'uu danda'a) tokko akka uumamuuf dhaloonni eenyummaa

waloo qabaachuun murteessaadha jechuun falmaa turan (Taylor & Whittier 1992).

Kan biroon, eenyummaafi diddaan siyaasaa sadarkaa dammaqiinsa hawaasaa irrati hundaa'u. Dammaqiinsi miseensota gareefi dhugummaa kallattii isaan hawaasa sana keessatti qaban wal bira qabuudhaan hubannoo uumuu of keessatti qabata. Adeemsi akkasii ija siyaasaatiin rakkoo qabaachuu kan danda'u yoo ta'ellee, uummanni tokko hubannoo walfakkaataa akka qabaatuuf taasisuun akka danda'amu (Reicher, 1996) ni ibsa.

Akka Asafa (2007, f. 79) ibsetti, Oromummaan kutaalee, gareeleefi sadarkaalee dhuunfaa garaagaraatti Oromoo akka dhuunfaa, gareefi walootti tokkummeessuuf gargaara jedha. Akka Tsagan (2012, f. 14) ibsetti, akkuma babal'iffannaa lafaa duraafi boodaa gareeleen garaagaraa Oromiyaa keessatti biqilaniin Oromoon tokkummaafi eenyummaa isaa ijaarrachuuf maloota garaagaraa fayyadameera. Maloonni Oromoo tokkummaafi eenyummaa isaa ijaarrachuuf fayyadame kunneenis: Oromoon hunduu Waaqa tokkichatti sagada, waggaa saddeetitti yeroo tokko Oromoon hunduu bakka jiruu iddoo tokkotti waa'ee nagaa, hormaataafi roobaa kadhachuuf wal ga'a.

Eenyummaan kun dhaabbataa osoo hintaane adeemsa keessa ijaaramaa kan adeemudha. Eenyummaa ofii yookaan kan biroo ibsuun waan hiikkoo qabudha; hikkoon kunimmoo yeroo hunda hirmaannaa walii galuufi waldhabuu (agreement and disagreement), walii hubachuufi kalaqu (convention and innovation), walquunnamtiifi marii (communication and negotiation) kanneen hariiroo hawaasaa jabeessuun eenyummaa waloo ijaaruufi siyaasessuun gara diddaa walootti akka ce'amuuf hirmaannaan akka jiraatu taasisanidha (Jenkins, 2004). Walitti hidhamiinsi hawaasaa kunimmoo amaloonni tokko tokko dhokatoo ta'anii warreen kaanimmoo akka murteessoo ta'anitti ilaalamuudhaan eenyummaan dhuunfaa qaama eenyummaa waloo akka ta'uuf haala mijeessa. Kunimmoo warreen eenyummaa waloo irraan dhiibbaa geessisaniifi garee ol'aanoo gidduutti daangaan akka uumamu taasisa (Taylor fi Whittier, 1992).

Akka qorataan mataduree kana irratti qorannoo geggeessu kan taasise muuxannoo dirree qorannoo keessatti qabu, qaawwaa qorannoo gama ijaarsa eenyummaatiin jiruufi haalli siyaasaa amma jiru (Paartii Badhaadhinaa) eenyummaa sabaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuun warra ijoodha. Kaayyoon qorannoo kanaas, ga'ee geerarsi eenyummaa waloo ijaaruu keessatti qabu xiinxaluudha. Geerarsi Oromoo kallattii adda addaatiin ga'ee eenyummaa waloo ijaaruu niqaba. Geerarsi Oromoo dhimmoota hawaasaa adda addaa qabatee waan geeraramuuf haala ittiin eenyummaan waloo ijaaramu xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta'eera.

**Malleen Qorannichaa**

Qorannoon kun gosaan sanyaabsa ta'ee, dhiyaannaa akkamtaan kan geggeeffamedha. Maddi ragaalee qorannichaa madda ragaa tokkoffaafi lammafaadha. Maddoonni ragaalee kunneenis maanguddoota, dargaggootaafi ragaalee Waajjiraalee Aadaafi Tuurizimoo aanoleetti argamanidha. Haaluma kanaan aanaalee afur irraa ragaan qorannoo kanaa funaanameera. Aanaalee sadan (Wallagga Bahaa keessaa aanaa Giddaa Ayyaanaa, Buunnoo Beddellee keessaa aanaa Gachiifi

Horro Guduruu Wallaggaa keessaa aanaa Jimmaa Gannatii), bakka gadi fageenyaan ragaan keessaa fuunaname keessa ji’a torbaafi torban lama (tokkoo tokkoo isaanii keessa ji’a lamaafi torban lama lama)fi aanaa tokko (Godina Wallagga Bahaa keessaa aanaa Wayyuu Tuqaa) kan ragaan dabalataafi gabbisaa keessaa funaaname keessammoo torban lama turuun ragaan funaanamee jira.

Qorannoo kanaaf aanaa Gachii irraa Namoota 19, Aanaa Giddaa Ayyaanaa irraa namoota 18, Aanaa Waayyuu Tuqaa irra namoota 10 fi Aanaa Jimmaa Gannatii namoota 18 irraa ragaan funaanameera. Iddatoowwaan tooftaalee iddatteessuu Kaayyeffataafi darbaa dabarsaan filataman. Tooftaa kaayyeffataatiin bakkeen ragaan irraa sassaabame, raghimtoota ijoofi hojjettoonni Waajjira Aadaafi Tuurizimii kan filataman yoo ta’u, darbaa dabarsaan immoo maanguddootaafi dargaggoonni geerarsa geeraruu danda’an filatamanii jiru.

Malleen funaansa ragaalee qorannichaa daawwannaa, marii garee xiyyeeffataafi afgaaffiidha. Malleen funaansa ragaalee keessaa daawwannaadhaan wayita hojiilee adda addaa (Buna funaanuufi jala ciruu, midhaan haamuufi calleessuu, mana ijaaruu, sirni gaa’elaa geggeeffamuufi daagaan hidhamu) keessatti yeroo hirmaatan geerarsa isaan geerarantu daawwatamee ragaan fuunaname. Ragaa daawwannaan argame irratti dabalataan mariin garee xiyyeeffataan geggeeffamee jira. Itti dabalees, hubannoo, beekumsaafi fedhii maanguddoonniifi dargaggoonni geerarsa irratti qabaniifi haala isaan ittiin geeraran, dabaree walii kennaniifi waljalaa cookan hubachuuf afgaaffiidhaanis ragaan funaanamee jira.

Ragaalee malleen galmeessa ragaalee garaagaraa kanneen akka yaadannoo dirree, waraabbii sagalee, suursagaleefi suuraa kaasuutti dhimma ba’ameera. Ragaaleen bifa kanaan galmeeffaman yaadxina galumsaa, tajaajilaafi ijaarsa hawaasummaa bu’uureffachuun xiinxalamee jira. Ragaaleenis battaluma funaanaman gara bareeffamaatti jijjiiramaa adeemani. Kunimmoo, ragaaleen mala galmeessa ragaalee garaaragaan funaanaman haalota keessatti geeraraman waliin akka barreeffamatti jijjiiramaniif gargaareera. Kana malees, qorataan wantoota yeroo barreeffamatti jijjiiru hubachuun rakkises guyyaa itti aanu qulqulleeffachuuf gargaaree jira.

Afoola Oromoo keessaa geerarsi funaaname gara barreeffamaatti erga jijjiiramee booda akkaataa yoomessa isaa, eenyummaa ijaaruufi ibsuun; akkasumas, qabiyyee geerarsa eenyummaa ijaaruun erga qoqqoodamee booda koodiin itti kennamee ergaafi faayidaa isaanii bu’uureffachuun xiinxalameera. Adeemsa kana keessatti qorataan ragaalee barreeffamatti jijjiiraman yaadannoo qabachaa irra deddeebiin erga dubbisee booda ijoo isaa adda baafate. yaadolee ijoo isaan ofkeessatti qabatanii jiran immoo guyyaa dabalataa fudhachuun raghimtoota waliin marii’achuun sirruummaa isaa mirkaneeffatee koodiin itti kenname. Koodii kenname irratti hundaa’uun yaadrimee adda addaa bu’uura taasifachuun mataduree adda addaatti erga qoqqoodee booda geerarsoota Oromoo eenyummaa waloo ijaaran xiinxale.

### Eenyummaa Waloo Geerarsoota Filataman Keessatti

Eenyummaan waloo waan hawaasni akka gamtaatti ittiin beekamudha. Akka Markria (1997) jedhetti, uummanni Oromoo eenyummaa afaanii waloo, Afaan Oromoofi biyya daangaa qabu, Oromiyaa, waliin qaba. Kana malees, miira eenyummaa sabaa cimaafi adda ta'e Oromummaa waloon qaba. Kanaafuu, eenyummaa waloo kan jedhamu waan hawaasa guutuu bifa walfakkaataan ibsuu danda'uufi hawaasichi waliin qabudha. Eenyummaan waloo miira waliinii, akkasumas, walitti dhufeenya miira tokkummaafi waliin dhaabbachuu irraa ijaarama (Snow, 2001, f. 3). Kana jechuun waan hawaasni sababa eenyummaa isaa waaliin ta'u, irratti ta'uufi raawwatuu wajjin walqabata.

Geerarsi irra caalaan isaa yeroo geeraramu waan dhimma dhuunfaa irratti xiyyeeffatu fakkaata. Yeroo geerarus, 'ani, ana, natufi kkf.' jechaa waan geeraruuf dhimma dhuunfaa isaa qofa irratti xiyyeeffachuun waan geeraru fakkaata. Haa ta'u malee, xiyyeeffannoon isaa akka kana miti. Dhimmi dhuunfaafi kan garee dhimmoota hawaasaa akka waliigalaa ta'uu ni danda'a. Sababni isaa, walaloon, yeedaloofi qabiyyeen isaa bakkaa bakkatti walfakkeenya waan qabuuf addaan baasanii kaa'uun ulfaataadha.

Gama biraatiin geerarsi waljalaa cookuutu jira malee namuma tokkoon geeraramа. Kana jechuun, geerarsa dhimma dhuunfaa, kan gareefi kan waloo ibsu namuma tokkotu geerara. Namuma tokko sanatu dhimmoota garaagaraa akkaataa calaqqisiisuun geerara. Geerarsi nama tokkoon geeraramee nama lamaafi isaa oliin jalaa cookama. Haaluma kanaan, geerarsoonni haala isaan ittiin eenyummaa waloo ijaaran kanatti aanee tokko tokkoon ilaalla.

#### *Dhimma Biyyaa*

Oromoon uummattoota gurguddoo Afriikaa keessatti argaman keessaa isa tokko akka ta'eefi Itoophiyaa keessatti immoo baay'inaan sadarkaa tokkoffaa irra akka jiru biyya isaa immoo Oromiyaa jedhee akka waamu Asafa (2007) ni ibsa. Jaarraa 19ffaa keessa wayita biyyoonni Awurooppaa Afriikaa kallattii garaagaraatiin qircachaa turanitti warreen Absiniiyaa (Amaarriifi Tigireen waliin ta'uudhaan) deeggarsa warra Awurooppaatiin Oromoofi uummatoota biyyattii biroo kolonii isaanii jala galchani. Oromoon immoo biyya isaa Oromiyaa jedhee waama (Gadaa, 1988). Egaa Oromoonis yeroo sanaa kaasee biyya isaa dhabe. Maqaa isaafi biyya isaa Oromoofi Oromiyaa jedhee of waamuun akka yakkaatti lakkaa'amuu eegale. Haata'u malee, carraa argate hunda fayyadamee afoola isaatiin eenyummaa isaafi waa'ee biyyasaa Oromiyaa waan hedduu jechaa tureera. Oromoon biyya isaa irratti aarsaa hedduu kanfalaafi biyya isaaf falmii sadarkaa garaagaraatti geggeessaa har'a ga'eera.

Afoolota Oromoon ittiin eenyummaa isaa calaqqisiisaafi ijaarrachaa ture keessaa tokkommoo geerarsadha. Geerarsi armaan gadii kunis kan dhimma biyyaa wajjin walqabatuufi barbaachisummaa biyyaaf yaaduu irratti xiyyeeffatudha. Geerarsa kana kan geerare obbo Amsaaluu Guttataa jiraataa Aanaa Jimmaa Gannatii guyyaa 7/06/2013 ture.

Mataa durumaa haaduu
Baga haadde mataakee
Biyyaaf durumaa yaaduu
Baga yaadde yaa dhiiroo.

Adeemsa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti tokko biyya irratti ba’aa yoo ta’u, kaan immoo biyyaaf humnaafi dandeettii qabuun waan danda’u gumaacha. Kan biyya fayyadus akkuma jiru, kan biyya saamee hawaasa irraan miidhaa gurguddaa geessisus daangaa hinqabu. Dhimmi biyyaa immoo dhimma waloofi hawaasa hunda irraan miidhaa geessisudha. Namni biyya irraan karaa kallattiis ta’ee, karaa alkallattii miidhaa geessisu hawaasa biratti fudhatama hinqabu.

Geeraraan kunis kanumaaf biyyaaf baga yaadde yaa dhiiroo jedha. Nama mataa haaddateefi nama biyyaaf yaade walbira qabee geerara. Akka aadaa Oromootti namni tokko yoo rakkoon isa quunname malee mataa hinhaaddatu. Mataa haaddachuun mallattoo ittiin gadda agarsiifatan ta’uu danda’a. Fakkeenyaaf, yoo firri nama jalaa du’eefi sababa dhukkubaa mataa haaddatu. Kana jechuun akka aadaa Oromootti mataan bashannanaaf yookaan miidhaginaaf hinhaaddatamu. Akkasumas, haalota garaagaraa irraa kan ka’e yoo biyyi rakkoo keessa jiraatte garuu qaamni hunduu waa’ee biyyasaa yaaduun dirqamadha. Biyyaaf yaaduufi mataa haaddachuu wal bira qabuun isaa namni tokko lamaan isaa keessattiyyuu waan miidhamu qabaachuu nidanda’a. Namni mataa haaddate miidhaginni isaa hir’achuufi itti qorruu danda’a. Akkasumas, namni biyyaaf yaadu immoo yeroo, humnaafi yoo barbaachise jireenyasaa itti dhabuu nijiraata. Oromoonis akkasuma biyyi Oromiyaa jedhamtu akka tuqamtu hinbarbaadu. Kana irraa kan ka’e baraafi sirnoota darban hundaa keessatti aarsaa garaagaraa kanfalaa jiraate. Oromoon eenyumaa biyyaa isaaf yaaduus dhaloota amma jiru keessatti ijaareera.

Uummanniifi biyyi gargar ba’anii ilaalamuu waan hindanda’amneef waa’ee uummata tokkoo yeroo kaasnu waa’ee biyya isaas kaasuun dirqama. Keessumaa geerarsa keessatti wantoonni yeroo hedduu ka’an waa’ee biyyaati. Biyyi lafaa wajjin waan walqabatuuf uummanni Oromoo yeroo baay’ee waa’ee lafa isaa kaasee geerara. Heerri biyya kanaa beekamtii yoo hinkennineefillee Oromoon Oromiyaa biyya jedhee waama. Akka Waliigalaatti afoolaan addattimmoo geerarsaan kanuma ibsata. Biyyaaf yaaduun barbaachisaa ta’uu isaa ibsuufis “biyyaaf baga yaadde” jedhee geerara. Kunimmoo eenyummaan dhaloota boodaan dhufuu biyyaaf yaaduu akka kabajaatti akka fudhatu taasisa. Dhaloonni waa’ee biyyaa yaadu jiraannaan immoo biyyi tokko hin diigamtu. Kana jechuun biyyummaan ishee sammuu dhalootaa keessaa hinbadu. Oromoonis geerarsa fayyadamee haala galumsa garaagaraa keessatti waa’ee biyya isaa Oromiyaa sammuu dhalootaa keessa kaa’a.

Geerarsi armaan gadii kunis dhimma biyyaa irratti kan xiyyeeffatuufi waa’een biyyaa aanaa irraa kaasee hanga Oromiyaatti rakkina akka ta’edha. Geerarsi kun aanaa Giddaa Ayyaanaa irraa gaafa 13/03/2013 argame. Kan geerare obbo Bayyaanaa Fayyisaati.

*Geerar geerari jedhu lammiikoo*
*Ani maalan geeraraa*
*Anoo yaadan yeelalaa*
*Namni geeraree hin quufnee*
*Goodaa biyyakoo jiraa*

*Namni geeraree hin quufnee*
*Goodaa Ayyaanaa koo jira*
*Namni geeraree hin quufne*
*Kuunnoo biyya koo jiraa*
*Kuunnoo Oromiyaa jira.*

Walaloon geerarsa armaan olii kun haala ittiin eenyummaan waloo biyyaan walqabatu ijaaramu ibsa. Biyya keessaa immoo Ayyaanaafi Oromiyaafi biyyi maqaafi bakki isaa adda ba'ee hineeramne tuqameera. Sabni akka Oromoo mirga eenyummaafi abbaa biyyummaa ibsachuu mulqame immoo eenyummaa sabaafi biyyaa ijaarrachuun waan filannoo keessa galu miti. Biyya kana immoo hawaasni waanuma naannoo isaatti beekuufi biyya akka walootti qabu eeree geerara. Oromoon geerarsa keessatti waan dhuunfaan eegalee gara waan walootti adeema. Akka Obbo Charinnat ragaa afgaaffiin argameen ibsanitti, Oromoo aabbaafi haadha faarsuun eegalee gara balbala qomoo isaa, naannoo, saba akka waliigalaafi biyyaatti adeema. Haaluma kanaan geerarsa kana keessatti Ayyaanaafi Oromiyaan tuqamee jira. Kunimmoo, Oromoon eenyummaa naannoo isaatti qabu irraa ka'ee gara eenyummaa waloon qabuutti akka adeemuu danda'u nama hubachiisa. Sababiin isaa Oromoon saba umuriifi dhalootaan ijaaramee qoodaafi dirqama isaa ba'atudha. Akka Dirribiin (2015) ibsettis, sirna bulchiinsa Gadaa keessatti uummanni akka Oromootti ijaaramuu beeku addunyaa kanarra waan ture hinfakkaatu (Dirribii, 2015).

Namni tokko dhimma beekamaafi hawaasa biratti fudhatama qabu irratti hundaa'ee geerara. Karaa biraammoo, dhimma dhugaa hintaane, hawaasa biratti fudhatama hinqabneefi hinmirkanoofne irratti hingeeraramu. Namni geeraraa jiru kunis ani maalan geeraraa jechuun geerarsa eegala. Sarara sadaffaafi arfaffaa irratti "ani maalan geeraraa, anoo yaadan yeelal*aa*" kan jedhu seensa geerarsaa taasifata. Kana jechuun, namni kun geerarsa hin beeku jechuu isaa miti. Namni geeraru ni dhaadata. Geeraraan kun ani akka gootaatti geeraruu hin danda'u garuu nan geerara jedha. Geeraraan akkasii geerarsa haala jiruufi jireenya guyyuu geerara.

Akka geerarsa kanarraa hubatamuufi Oromoon amanutti Oromiyaan biyyadha. Haata'u malee, gareen Oromiyaan akka biyyaafi lafti Oromiyaa jedhamtu kun immoo kan Oromoo hintaane karaa kallattiifi alkallattiin falmu hedduudha. Kanaafuu, Oromoon barate karaa barnoota isaa, kan karaa barnootaa carraa hinarganne immoo afoola isaa keessaa geerarsatti fayyadamee eenyummaa Oromiyaa leellisa. Dhimmi biyyummaa Oromiyaas waan Oromoon waliin qabuufi waliin ittiin dhaadatudha. Eenyummaa biyyummaa kanammoo cimsee baraa baratti dabarfachaa adeema. Eenyummaan guutummaa Oromoo biyya isaa Oromiyaa wajjin akka walqabatu taasisee leenjisuun sammuufi ilaacha dhalootaa qaroomsa.

***Aadaafi Seenaa***

Oromoon akka seenaafi aadaa isaa hincalaqqisiifne, eenyummaa isaa akka hinibsanne, akkaataa fedha isaatti jireenya isaa akka hingeggeeffanne godhamaa akka ture afoola Oromoon fayyadamuufi galmee seenaa garaagaraa yoo banan hubachuun nidanda'ama. Akka Asefa (2007) ibsutti, warri Absiiniyaa Sabaafi Sablammoota biyyattii (Oromoo, Sidaama, Walaayittaa, Ogaaden-Sumaaleefi kkf) erga koloneeffatanii booda

aadaafi seenaa isaanii irratti fe'ani. Aadaafi seenaan sabaafi sablammootaas dhokatee kan isaanii ol'aantummaa akka argatu taasisani. Warri Habashaa biyya kana keessatti olaantummaa aadaafi seenaa qabaachuuf yeroo hundamaa carraaqu. Kana malees, biyyoota Afriikaa baay'ee kanneen biyyoota Awurooppaa irraa erga bilisa ba'anii booda biyya walaboomte qabaachuu barbaadaa turan siyaasa sabboonummaa hordofuu eegalani. Oromoonis jaarraa hedduuf aadaafi seenaa eenyummaa isaa calaqqisiisu ijaarrachuu irra darbee biyya walaboomte qabaachuuf aarsaa hedduu kanfalaa tureera. Kana irraa kan ka'e, Oromoon afoola isaatti fayyadamee aadaa isaa dagaagsa, ijoollee isaa seenaa isaa sammuu isaanii keessa kaa'a; akkasumas, kanneen jibbiinsa aadaa isaa qabaniif immoo wal-qixxummaa aadaa dhaama.

Geerarsi Oromoo irra jireessi isaa dhimmoota seenaa waliin walqabatan kanneen akka lola sirna fiidudaalaa Oromoo irratti fe'uuf baroota 1870mootaa hanga 1890mootatti karaa Mililik Lammaffaa geggeeffamaa ture, beela hamaa yeroo garaagaraa ture, harkaafi harma muraa Annooleefi Calii Calanqoo ibsuu irratti xiyyeeffata. Kana malees, saamicha lafaa keessumaa lafa gabbataa Oromoo abbootii lafaaf qoodanii Oromoo Gabbaarii taasisuu, ummata Oromoo baadiyyaa jiraatu Impaayera Itoophiyaa jalatti cunqursuudhaan qubsuma isaa jijjiiruun 'mandar misrataa' jedhamee walitti qabamee jiraachuu, keessumaa baroota 1970 mootaafi 1990 moota gidduutti, lola garaagaraa irraa kan ka'e boqotee jiraachuu dhabuu isaa geerarsaan seenessa. Geerarsi har'allee seenaa Oromoo baroota darban keessa qabaachaa ture, amma qabaachaa jiruufi tilmaama gara fuulduraa seenessa. Ummanni Oromoo afoola garaagaraa qabutti fayyadamee aadaafi seenaan isaa akka hin dagatamneef ilmaan isaa leenjisaa tureera. Kana keessaammoo geerarsi isa tokkodha.

Hala jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessatti eenyummaan waloo gama aadaafi seenaatiinis ni ijaarama. Oromoon jaarraa tokkoo oliif dhimma aadaafi seenaa isaatiin wal-qabatee diddaa kallattii garaagaraatiin calaqqisiifataa tureera. Sabni tokko akka sabaatti addunyaa kana irratti akka beekamuu wantoota taasisan keessaa aadaafi seenaan isaa tokkodha. Kanaafuu, dhaloonni itti aanee dhufu aadaafi seenaa isaa akka hindaganneef afoolota garaagaraatti fayyadamee eenyummaasaa ibsaafii adeema. Kan armaan gadii kunis geerarsaan qabamee waan hawaasni waliif seenessuufi dhaloota itti aanuuf immoo hubannoon kennamudha.

Utuma funyoon jiruu
Funyoo inni dheeraa jiruu
Maaliif baddi gaangeen koo
Qabeetan hidha malee
Utuu sabni koo jiruu
Utuu Oromoon jiruu
Maaliif bada seenaan koo
Maaliif bada duudhaan koo
Maaliif bada aadaan koo
Du'eetan bada malee
Du'eetan bada malee
(Qixxeessaa Daannoo)

Walaloo geerarsaa armaan olii kanarraa yaanni hubatamu aadaa, duudhaafi seenaan Oromoo osoo Oromoon jiru hinbadu kan jedhudha. Geeraraan kun baduu gaangeefi baduu aadaa, duudhaafi seenaa wal bira qabee ibsa. Gaangeen eegumsa yookaan hordoffii

hinqabdu taanaa carraa baduu qabdi. Akkasamas, hawaasni tokko aadaafi seenaa isaa yoo hinkunuunfanneefi gara dhaloota boodaan dhufuutti hindabarsine itti fayyadamni isaa laafee gara baduutti dhufuu danda'a. Seenaan hawaasni dabarsee dhalootaa dhalootatti darbaa akkuma adeemu, aadaanis calaqqee eenyummaa hawaasa tokkoo ta'uudhaan tajaajila. Oromoonis saba aadaafi seenaa eenyummaa isaa ibsu qabudha.

Biyyi Itoophiyaa kunimmoo seenaa isheetiin biyya aadaafi seenaan tokko olaantummaa keessatti qabaatee aadaafi seenaan kaanimmoo keessatti hacuucamudha. Biyya jaarraa tokkoofi walakkaaf sabaafi sab-lammoonni biyyatti seenaafi aadaa isaanii dagatanii aadaafi seenaa garee kan biraatti akka of-waaman keessatti taasifamaa turedha. Akka walaloo geerarsaa armaan olii kanattimmoo geeraraan kun kan akkasii osoon lammii qabuu, Oromummaan osoo jiruu du'eetan bada malee hinta'u jedha. Jiraachuu hawaasa tokkoo wantoota mirkaneessan keessaa aadaafi seenaanis ijoodha. Aadaafi seenaa ofii kana ibsachuun immoo eenyummaa ofii ijaarrachaa adeemuu agarsiisa.

Akka walaloo geerarsaa kana irraa hubatamutti, Oromoo aadaafi seenaa ofii isaa qaba. Aadaafi seenaan kun immoo kan baduu danda'u miti. Geeraraan kun kana kan jedhuuf sodaa waan qabuuf falmachaa jira. Aadaa, duudhaafi seenaan saba tokkoo baduu kan danda'u sabni sun tasuma lafa kanarra hin jiru yoo ta'edha. Oromoo garuu biyya kana keessa lakkoofsaan hedduu ta'ee jiraachaa jira. Oromoon saba aadaa, seenaafi duudhaa falmachaa turedha. Kunimmoo ejjennoo diddaa sirna isa miidhu irratti Oromoon baroota hedduuf geggeessaa tureen ibsamuu nidanda'a. Kana malees, dhaloonni eenyummaa isaa dagatee aadaafi seenaa ormaa fudhate gara kan isaatti akka deebi'ullee taasisuu nidanda'a. Itti dabalees, geerarsi kun eenyummaa haala yeroon walqabatee jirullee dhaloota keessatti ijaaruuf nigargaara. Waliigalli ergaa geerarsa kanaa baduu gaangee hidhaatu danda'a, baduu eenyummaa immoo falmiitu hambisa kan jedhudha.

Walaloon geerarsaa armaan gadii kun namni aadaafi seenaa Oromoo dagate akka jiru calaqqisiisa. Seenaafi aadaa Oromoo kanas daabeen bisingaa sinbiraan nyaatamuufi aadaafi seenaan Oromoo immoo dhaloota amma jiruun dagatamuu wal bira qabee ibsa.

Ilaameet yaa abbaabbaa
Ilaameet yaa ijoollee
Bisingaan daabee qaba
Sinbiratu nyaate malee
Oromoon aadaa qaba
Oromoon seenaa qaba
Nutu irraanfate malee
Nutu dagateem malee
(Tasfaayee Firrisaa)

Ergaan ijoo geerarsa armaan olii gareen aadaafi seenaa Oromoo dagate jiraachuu agarsiisa. Oromoon aadaafi seenaa mataa isaa akka qabu geerarsicha irra hubachuun ni danda'ama. Haata'u malee, geerarsi kun geerarsa komiiti. Namni geeraru kun dhaloonni yeroo ammaa jiru aadaafi seenaa Oromoo dagachuu isaaf komachaa jira. Kanas, daabeen bisingaa sinbiraan nyaatamuufi aadaafi seenaan dhalootaan dagatamuu walbira qabee dhiyeessa. Bisingaan midhaan namni facaafatee ija isaa irraa calleeffatu haata'u malee, sinbiraan nyaatamee faayidaan ala akka ta'edha. Bisigaan daabee qabaachuun isaa akka

sanyiin isaa itti fufuuf gargaara. Akkasumas, dhaloonni boodaan dhufu aadaafi seenaa isaa yaadachuun jiraachuu seenaafi aadichaaf murteessaadha.

Oromoon uummata aadaafi seenaa mataa isaa qabudha. Aadaafi seenaa jarraa hedduu lakkoofsiseefi kan dhalootaa dhalootatti daddarbaa dhufe qaba. Haa ta'u malee, dhaloonni aadaafi seenaan kana amma dagate jira. Namni aadaafi seenaa isaa hinbeeknemmoo eenyummaa isaa hinbeeku. Sababni isaa, aadaafi seenaan waan hawaasni tokko qabuufi hawaasni sun fakkaatu calaqqisiisa. Aadaafi seenaan mallattoo eenyummaa uummata tokkooti.

Dhiibbaan gama amantii, siyaasaafi aadaa birootiin jiru hawaasni tokko akka inni aadaafi seenaa isaa dagatu taasisuu nidanda'a. Oromoo irrattis gochi kun bal'inaan raawwateera. Dhiibbaa kallattii amatiifi siyaasaan irratti taasifameen aadaafi seenaa isaa akka dagatu yaaliin taasifamaa tureera. Haata'u malee, Oromoon geerarsa isaatti fayyadamee aadaafi seenaa isaa dhalootaa dhalootatti dabarfachaa tureera. Kana irraa kan ka'e geeraraan kunis, nutu dagate malee Oromoo aadaafi seenaa mataa isaa qaba jechuudhaan jamaa geerarsichaaf dhaamsa dhaama. Dhaloonni boodaan dhufus aadaafi seenaa isaa akka hindaganne jajjabeessa. Sabni aadaafi seenaa isaan gargar ba'e waan dabarse, haala amma irra jiruufi kallattii gara fuulduraa isaa tilmaamuun ulfaataa ta'a. Kanaafuu, Oromoon dhaloonni hundi aadaafi seenaa isaa akka beekuuf eenyummaa gama aadaafi seenaan jiru dhaloota hunda keessatti ijaaraa adeema. Kunimmoo ijaarsa eenyummaa waloo gama aadaafi seenaan jiru agarsiisa.

***Tokkummaa***

Tokkummaan eenyummaa ijaaruu keessatti iddoo guddaa qaba. Tokkummaan hawaasa tokkoof akka bu'uura waliin jireenya tokkootti eenyummaa isaanii ijaaruu keessatti waliin deemuu, waliin falmachuufi waliin daangaa ofii kabachiifachuu irratti akka meeshaatti tajaajila. Sabni tokko yoo gamtaa qabaate, yoo wal dhaga'eefi yoo daangaa isaa sirnaan eeggate akka sabaatti miidhama malee jiraachuu ni danda'a. Akka Tsagan (2012, f. 14) ibsutti, "In spite of the emergence of several groups during, and after, these expansions, the Oromo maintained their unity and identity in a number of ways". Kana jechuun akkuma babal'iffannaa lafaa duraafi boodaa gareeleen garaagaraa Oromiyaa keessatti biqilaniin Oromoon tokkummaafi eenyummaa isaa ijaarrachuuf maloota garaagaraa fayyadameera.

Oromoon firaafi diina isaa biratti saba tokkummaadhaan beekamuufi tokkummaa isaa bakka guddaa qabudha. Jaarraa 16ffaa duraa kaasee wanti diinonni Oromoo sodaachaa turan waan hunda caalaa tokkummaa sabichaati. Akka Dirribiin (2009, f. 354) ibsutti, Axee Sartsa Dingil bara mootummaa isaa (1564-1597) keessa waggaa 33 guutuu Oromoo waraanee dadhabnaan hayyoota isaa walitti qabee gaaffii gaafate. Gaaffiin isaas, "Sanyii Oromoo kana yeroo hunda isaan waraanna, isaan ajjeefna isaan garuu ittuu caalaa baay'achaa adeemu kanaaf maal wayya?" jedhee gaafate. Hayyoonni isaas yeroo deebisan "Oromoon akka keenya qeesii, moloksee, Dajjaachii jedhanii bakka meeqatti wal hinqoodani" dedhanii deebisaniif. Kunimmoo Oromoon saba tokkummaa qabu

ta'uu isaaf diinniyyuu ragaa ba'uu isaa agarsiisa.

Oromoon tokkummaa isaa ijaarrachuuf maloota duudhaa isaa ta'an garaagaraa fayyadama. Malloonni Oromoo tokkummaafi eenyummaa isaa ijaarrachuuf fayyadame kunis: Oromoon hunduu Waaqa tokkichatti sagada, waggaa saddeetitti yeroo tokko Oromoon hunduu bakka jiruu iddoo tokkotti waa'ee nagaa, hormaataafi roobaa kadhachuuf wal ga'a. Yeroo sirni kun geggeeffamummoo namoonni hafuuraa (Abbaa Muudaafaa) muraasni bakkoota jiran keessaa tokkotti walga'u. Tokkummaa Oromoo ijaarama sanammoo tiksuuf, erga addaan ba'anii booda gareen hunduu konfedereeishiiniifi federeeshiniidhaan ijaaramanii daangaa mataa isaanii kan mirkanaa'e eeggatanii jiraatu. Kana jechuun dameewwan garaagaraatti qoodamee walbulchuun Oromoo amantaa waloo (shared belief) hortee tokko (Common descent) kan abbaa tokko irraa madde addaan baasuu akka hin dandeenyedha. Oromoon maloota armaan olii kanatti fayyadamuudhaan humna aadaa, afaan, dinagdee, siyaasaafi hariiroo inni qabu diiguuf Kaaba Itoophiyaa irraa (Warreen Absiiniyaa) itti dhufan hanga dhuma jaarraa 19ffaatti ofirraa tiksaa tureera.

Kanaafuu, Oromoon afoola isaatti fayyadamee tokkummaa isaa eeggata; ijoollee isaa tokkummaa akka qabaatan gorsaa; akkasumas, kanneen tokkummaa Oromoo diiguuf yaalan ni qeeqa. Malaafi tooftaa diina tokkummaa isaa diiguuf yaalu ittiin faccisu geerarsa isaati fayyadamee wal barsiisa. Dhaloota boodaan dhufu kan haxxummaan diinaa kun hin galleefis geerarsa geeraree, kan fuulchuu qabu fuulchee, kaan hubachiisaa eenyummaa isaa keessatti ijaara. Walaloo geerarsaa armaan gadii kana keessattis barbaachisummaan tokkummaa ni calaqqisa.

Foddaadhaan mana seentii
Yaa abshaala qamalee
Yoo nyaatte namaa hin hiltuu
Jabeessaa qabaa malee
Eeboo lolaaf qaratuu
Jinfuudhaan jabeessanii
Diinas fagootti eeggatuu
Ofirra fageessanii
Osoo wal dhageessanii
Tokkummaa jabeeffatuu
Gantuu fagootti eeggatuu
(Angaraasaa Tafarraa)

Geerarsi armaan olii gocha qamaleefi diinaa wal bira qabee dhiyeessa. Toorri jalqabaa walaloo kanaa amala qamalee kaasa. Qamaleen gamna waan taateef karaa namni irratti hin dammaqneen ga'umsa of dhoksitee qabeenya namaa balleessuu qabdi. Qamaleen bosona keessaas ta'ee naannoo manaa bineensa jiraachuu dandeessudha. Keessumaa isheen naannoo manaa jiraattu qaawwaa argatte kamiinuu ol seenuu ni dandeessi. Kanaafuu, toorri tokkoffaafi lammaffaa abshaalummaa qamalee kan agarsiisudha. Akka fakkeenyaatti, qamaleen midhaan maasii irra jiru keessallee seennaan ni balleessiti. Kaan ni nyaattii; kaanimmoo ni mancaasti. Toora sadaffaa irratti "Yoo nyaatte namaa hin hiltuu" kan jedhus hangam akka ishee midhaan namaa qisaasessitu kan ibsudha.

Ergaan geerarsa kanaa inni kan biroon mala ittiin qamalee ofirraa ittisan kan agarsiisudha. Toora arfaffaafi shanaffaa irrattimmoo "Jabeessaa qabaa malee, eeboo lolaaf qaratuu," jedha. Kana jechuun, qamalee midhaan balleessuudhaaf dhuftu meeshaa

isheen sodaattee baqattu qabachuudhaan midhaan ofii irraa eeggatu. Yoo diddee midhaan nyaachuuf kan gamtu ta'e garuu tarkanfii irratti fudhatu jechuudha. Kanaan alammoo, tooftaafi maloota garaagaraa fayyadamanii eegumsaa jabeessu. Tooftaafi maloonni garaagaraa kunis, nama eegu itti ramaduufi waan isheen sodaattu naannoo sana kaa'uudha.

Akka walaloo geerarsaa armaan olii kanatti wanti garaagarummaa hawaasa tokko gidduutti uumu gidduu hin seenne taanaan hawaasichi tokkummaa isaa ni eeggata. Uummata Oromoof tokkummaan barbaachisu immoo toora "Osoo wal-dhageessanii" jidhu irraa hubanna. Uummata tokko keessatti waldhaga'uun iddoo guddaa qaba. Uummata waldhaga'u gidduu diinni salphaatti seenee miidhuu hin danda'u. Akka tasaa yoo seenellee uummanni tokkummaa qabu waliin ka'ee falmatee diina ofirraa deebisa. Haaluma kanaan, diina hawaasa tokko gidduu seenee hawaasa sana addaan diiguufi qabeenya hawaasichaa qisaasessuu barbaadu falli isaa lola, tokkummaafi iccitii eeggachuu akka ta'edha. Kana gochuuf immoo dhimma nama dhuunfaa caalaa dhimma waloo irratti xiyyeeffachuudhaan ga'ee kana ba'achaa tureera. Akkaataa kanaan daangaa, eenyumaafi aadaa isaa eeggachaa akka turedha. Akka walaloo geerarsa kanaatti tokkummaa qabaachuuf wal dhaga'uun murteessaadha. Wal dhaga'uun hariiroo gaarii hawaasa gidduutti uumuudhaan gamtaan dhaabbatanii waan waloo irratti akka xiyyeeffataniif gargaara. Tokkummaan Oromoo immoo Oromummaadha.

Walaloon geerarsaa armaan olii sararri kudha tokkoffaan "gantuu fagootti eeggatu" jedha. Gantuun nama faayidaa uummata isaa dabarsee kan biroof kennu jechuudha. Gantuun hawaasuma sana keessa osoo jiraatuu kan biraatti michoomee kan hawaasichas ta'ee nama dhuunfaa diinaaf dabarsee kennu jechuudha. Gantuun tokkummaa hawaasaallee ni diiga. Oromoon jarraa tokkoofi walakkaa oliif akka sabaatti kallattii garaagaraatiin keessoonis ta'ee dhiibbaa karaa alaa irra jiruuf tokkummaan isaa miidhamaa tureera. Gantuun immoo yeroo baay'ee siyaasaa, amantiifi faayidaalee adda addaa akka meeshaatti fayyadama.

Keessumaa geerarsa armaan olii sarara salgaffaa hanga kudha tokkoffaatti "Osoo wal-dhageessanii, tokkummaa jabeeffatu, gantuu fagootti eeggatu" kan jedhu faayidaa tokkummaan qabu agarsiisa. Adeemsa siyaasa biyya kanaa keessatti yeroo baay'ee diinni kallattiidhaan dhufee hawaasa Oromoo hin miine. Sirnoonni darban yeroo dheeraaf humna Oromoo dura dhaabbachuu waan hin dandeenyeef qawwee, loltootaafi gorsa faranjii irraa argataniin Oromoo dura dhaabbatan. Mootota gosaafi qondaalota Oromoo kan akka Goobaanaa Daanceefaa malaan ofitti qabatan. Akka kanaan yeroo dheeraaf Oromoo irratti duulani, Oromiyaa cabsanii biyya Abisiiniyaa kan booda Itoophiyaa jedhametti dabalatan. Adeemsa kana keessammoo qaawwaa muraasa jirtu bal'isanii itti fayyadamanii tokkummaa Oromoo diiguudhaan adeemsa qabsoo sabichi walabummaaf qabu qancarsani. Oromoonis kanaaf geerarsatti fayyadamee tokkummaa jabeeffatanii gantuu fagootti eeggatu jedha.

Walaloon geerarsa armaan gadii kunis barbaachisummaa tokkummaa ibsuudhaan kan tokkummaa qabu bakka barbaade ga'uu akka danda'u nu hubachiisa. Geerarsi kun aanaa

Giddaa Ayyaanaa irraa gaafa 02/04/2013 obbo Dhinsaa Jiruu irraa argame.

Leenci duruu foon nyaata lammiikoo
Leenci duruu foon nyaataa
Utuu soogiddaan nyaatee
Tuqee dhadhaa cuuphatee
Akkam haa nyaatu laataa
Utuma tokko taanee
Utuma walii gallee
Yoona eessa geenya laataa
Yoona eessa geenya laata
(Dhinsaa Jiruu)

Walaloon geerarsa armaan olii faayidaa tokkummaan qabu irratti xiyyeeffachuun geeararame. Faayidaa tokkummaafi leenci foon dhadhaafi soogiddaan nyaachuu wal bira qabee dhiyeessa. Walaloo geerarsaa kana sarara tokkoo hanga shaniitti kan jiru foon nyaachuu leencaa ibsuudhaan osoo soogiddaafi dhadhaa qabaateemmoo akkam haa jaallatu kan jedhu of keessaa qaba. Nyaanni leencaa uumamumaan foonidha. Foon leenci nyaatu garuu mi’eessituu adda addaa hin qabu. Garuu, isuma mi’eessituu hin qabne kana jaallatee nyaata. Akka geerarsa kanaatti garuu leenci inni akka kana foon jaallatu kun osoo mi’eessituu qabaatee kanaa ol nyaachuu akka malu agarsiisa. Akkuma kana sabni tokkummaa qabuufi waliigalee sadarkaa guddaa irra ga’uu akka danda’u geerarsa kana sarara ja’affaa irraa kaasee hanga salgaffaatti jiru irraa hubachuun ni danda’ama.

Walaloon geerarsaa kun sarara ja’affaa hanga saddeettaffaatti kan jiru “Utuma tokko taanee, utuma waliigallee, yoona eessa geenya laata” jedha. Geerarsa akkasii uummanni geeraru uummata bakka wayii ga’uuf hawwii qabudha. Haa ta’u malee, sababa tokkummaafi waliigaltee hin qabneef bakka hawwe sana ga’uu hin dandeenye. Adeemsa jiruufi jireenyaa keessattimmoo waliigalteefi tokkummaan mala waan hin danda’amne tokko ittiin mo’atanidha. Geerarsi Oromoos haala Uummatichi keessa jiruufi dabarse irratti xiyyeeffata. Oromoon uummatta kallattii garaagaraatiin biyyattii keessatti qoollifamee jiraatudha. Uummata mirga walabummaafi walqixxummaa irratti yeroo dheeraaf gaaffii kaasaa jiraatudha. Gaaffii isaa kanaaf furmaata argachuuf immoo tokkommaafi waliigaltee furtuu akka ta’etti uummata amanudha. Geerarsi kunis kanaaf agarsiistuudha.

Geerarsi armaan olii kun foon jaallachuu leencaafi tokkummaa hawwuu Oromoo wal bira qabuun dhiyeessa. Ergaan isaa ijoonis dhimma tokkummaafi waliigaltee Oromooti. Tokkummaan isaa kunimmoo kan diigame dhiibbaa mootota darbaniin akka ta’e gochoonni isaan karaa amantii, siyaasaa, hawaasummaa, aadaafi afaanii raawwachaa turan ragaadha. Oromoonis tokkummaa isaa kana deebisee ijaarrachuuf maloota garaagaraa fayyadamaa tureera. Isaan keessaa tokko geerarsa isaati. Tokkummaa isaa eeggachuuf kallattii garaagaraatiin aarsaa lubbuufi qabeenyaa kanfalaa tureera. Malli ittiin gaaffii abbaa biyyummaafi ofiin of bulchuu deebifatan tokkummaa qabaachuun akka ta’e beekee irratti hojjechaa tureera.

Kana malees, hundaa’uun Waldaa Maccaaf-Tuulamaa, Qabsoon Bilisummaa Oromoofi sochiin Qeerroo Bilisummaa Oromoo tokkummaa Oromoo ijaaruuf gumaacha adda addaa taasiseera. Oromoof wanti tokkummaafi waliin dhaabbatanii biyya, afaan, aadaa, duudhaa, kabajaafi seenaa ofii eeggachuu caalaa barbaachisaa ta’e hin turre.

Kanammoo sababa tokkummaafi waliigaltee dhabeef hanga ammaa argachuu hin dandeenye. Kanaafuu, tokkummaafi waliigalteen jiraannaan bakka barbaadan sana ga'uun ni danda'ama jechuudha. Dhimmi Oromoon erga humnoota walqixxummaatti hin amanneen cabee qabsaa'aafii ture bilisummaafi walabummaadha.

***Diddaa***

Hawaasni garbummaa jala jiru tokko afoolatti fayyadamee aadaa diddaa ilmaan isaa keessatti ijaara. Afoola keessaa immoo geerarsi kan hawaasni ittiin diddaa siyaasaa, diddaa aadaa irratti fe'ameefi diddaa sirna koloneeffattootaa calaqqisiisudha (Asefa, 2007). Siyaasa biyya Itoophiyaa isa tokko gonfee tokko moggaatti dhiibu, isa tokko budaa tokkommoo garraamii taasisu, isa ija wal qixaan saboota biyyattii ilaaluu hin dandeenyeefi ani nan jiraadhaa ati naa du'i, ani nan nyaadhaa ati tolchii naa kenni jechuun faallaa adeemu Oromoon guyyaa tokkoofillee simatee hin beeku. Bara mooticha Miniliki, bara sirna abbaa lafaa, bara soochaaliziimiifi bara sirna federaaliizimii dhugummaa of keessaa hin qabnee Oromoon waan isaaf hin taane hunda didaa as ga'e. Akka Isheeteen (2008, f. 189) ibsutti, seenaa Oromoo keessati geerarsi afoola ittiin diddaa sirna abbaa lafaa bara 1880 irraa eegalee hanga 1970 ofirraa ittiin faccisaniifi kan ittiin mormiif wal kakaasan ture. Adeemsa siyaasaa biyya kana keessatti dabaan bocamee lubbuu Oromoo meeqaatama galaafataa as ga'eef guyyaa tokkollee harka kennatee callisee fudhatee taa'ee hin beeku. Kallattii danda'e hundaan akka dhuunfaatti, gareetti, jaarmiyaafi dhaabbilee garaagaraatiin of ijaaruudhaan wal dadammaqsaafi diddaa isaa agarsiisaa tureera.

Hawaasa Oromoo keessatti gareewwan garaagaraa walitti dhufuun wantoota hamlee namatti horan keessumaa walaloowwan adda addaa kanneen akka geerarsaa, kan hawaasa cunqurfame dadammaksuu keessatti ga'ee guddaa qaban, fayyadamaa turaniiru. Gareen kun sochii siyaasaafi hawaasaa keessatti rogeessotaafi kanneen mirga ilma namaaf falman kanneen akka Waldaa Maccaafi Tuulamaafaa akka hundaa'an taasisuudhaan hojiiwwan kalaqaa garaagaraatti fayyadamanii diddaa isaanii akka calaqqisiifataniif haala mijeessaa tureera. Keessumaa geerarsi seenaa gootowwan darbanii faarsuudhaan kan amma jiruuf fakkeenya akka ta'u sochiin taasifamaa ture hojii bu'uuraati.

Haaluma kanaan malli ittiin Oromoon diddaa isaa agarsiisaa tureefi itti jiru keessaa tokko geerarsa armaan gadiiti. Geerarsi kun diddaa abbaa lafaafi meeshaa waraanaa inni fayyadamu wajjin wal qabata. Akka aadaa Oromoottis geerarsi mallattoo kabaja hawaasni waliif qabu, eegduu hambaa hawaasaa, waa'een hawaasa yookaan nama tokkoo kan dhugaa ittiin ba'amuufi sadarkaa hawaasaa kan calaqqisiisudha.

Lakki yaa eeboo nana,
Balaq balaqii dhiisii,
Gonfikee sirraa cite,
Haaduu goommanaa taataa.
Lakki lakkii yaa qawwee,
Qacci qacciikee dhiisii,
Qaataankee sirraa cite,
Maarashaa fi qonyee taataa.
Lakki lakki abbaa lafaa
Gabal gabalii dhiisii,
Hiyyeessa biyyaa baastee,
Ofii hiyyeessa taataa
(Kabbadaa Suphaa).

Ergaan walaloo geerarsa armaan olii diddaa sirna abbaa lafaa kan ibsudha. Oromoon jarraa tokkoof walakkaa oliif diina isaa kallattii garaagaraatiin ofirraa faccisaa tureera. Oromoon osoo bittaa sirna Nafxanyaa jala hin seeniinillee Sirna Gadaa jalatti of ijaaree diina isaa ofirraa dhorkaa tureera. Yeroo sana Oromiyaa akka biyyaatti ijaare. Oromiyaan kan dhalate sirna siyaasaa gadaa jalatti ture. Booda yeroo sirni gadaa iddoo baay'eetti caccabuun, iddoo tokko tokkotti sirni mootii dhalate humni siyaasaa Oromoo laafuu calqabe. Keessumaa jaarraa kudha salgaffaa keessa sirni mootii Oromiyaa keessaa iddoo baay'eetti biqiluun sirna gadaa laaffise. Jaarraa kudha salgaffaa keessa sirni Kaappitaalizimii Awurooppaa irraa gara Afirikaatti babal'achaa ture. Kun Habashootaaf carraa isaan duraan qabaachaa hin turre kenneef (Asefa, 2007, f. 129). Qaawwaa uumametti fayyadamanii Oromoo bittaa isaanii jala galfachuudhaan siyaasaafi dinagdeedhaan miidhamaa taasisani.

Oromoonis miidhama kanaaf tole jedhee harka osoo hin kenniin kallattii garaagaraatiin diddaa isaa calaqqisiisaa ture. Walaloo geerarsa armaan olii kun abbaa lafaaf bitamuu diduufi akeekkachiisa of keessaa qaba. Lakkii… lakkii kan jedhu keeyyattoota geerarsichaa sadanuu keessa kan jiru nu dhiisaa nu hin darariinaa kan jedhu yoo ta'u, sararoonni lammaffaan keeyyattoota sadanuu keessa jiran "balaq balaq", "qacci qaccii", "gabal gabal" jechuun ammo eeboo, qawweefi abbaa lafaaf akeekkachiisa kennuu isaaniiti. Yaadonni buuffattoota sadaffaafi arfaffaa irratti ibsaman immoo bu'aan balaq balaqii, qacci qaccii, fi gabal gabalii maal ta'uu akka danda'u ibsuun akeekkachiisa.

Akeekkachiifni wantoota adda addaaf geerarsa kana keessatti kennameera. Kan jalqabaa eeboodha. Sarara tokkoffaa hanga arfaffaatti kan jiru eeboodhaan gonfi kee sirraa citee kabaja qabdu dhabdee haaduu raafuu ittiin muran taata jedha. Kan lammaffaa, qawweedha. Sarara shanaffaa hanga saddeettaffaati kan jiru qawweedhaan qaataan isaa yoo irraa citee akka hin dhukaasne taataa kan jedhudha. Qawwee ta'uun isaas hafee ogeessaan tumamee gara maarashaafi qonyee ta'uutti dhufa. Kan sadaffaa, abbaa lafaati. Abbaa lafaatiin sarara salgaffaa hanga kudha lammaffaatti hiyyeessa rakkistee biyyaa hin baasiin hiyyeessi hin jiru taanaan ofii hiyyaassa taata jedha. Kunimmoo abbaan lafaa hiyyeessa hojjechiifatee kan sooromu ta'uu isaa agarsiisa. Hiyyeessi biyyaa baqannaan kan qotee dhiibee galchuuf akka hin jirre agarsiisuudhaan diddaa isaa calaqqisiisa. Eeboofi qawweedhaan qabee sirna abbaa lafaa irratti diddaa garsiisa.

Oromoo biratti abbaan lafaa qaama miidhaa irraan ga'u, lafaafi oomisha isaa saamuufi humna isaa qisaasessudha. Dhimmi eeboofi qawwee geerarsa kana keessa haa jiraatu malee ergaa isaa ijoonis diddaa abbaa lafaati. Sirna abbaa lafaatiin boodammoo diddaa sirna kallattii kamiiniyyuu saba irratti miidhaa geggeessuuti. Sirna abbaa lafaa keessatti hiyyeessi miidhamaadha. Dhiibee qotee namaaf galcha. Horsiisee kan biraaf qooda. Kan kana dadhabemmoo jalaa baqata. Kun miidhaa jaarraa hedduuf Oromoo irratti raawwachaa turedha. Kanaafuu, akka walaloo geerarsa kanaatti abbaa lafaatiin miidhaan ati hiyyeessa irratti adeemsiftu kun akka hiyyeessi si baqatu taasiseera. Kunimmoo namni qotee irboofi siisoo sii qoodu yoo dhibe deebitee

atuu hiyyeessa taata waan ta'eef ofeeggadhu nama biyyaa hin baasiin, namas hin miidhiin jechuudha.

Geerarsi kun kan geerarame bara abbaan lafaa hawaasicha irratti dhiibbaa geessisaa turedha jedhu raghimtoonni. Geerarsichi kan sirni mootii hanga aangoo irraa bu'utti uummanni Oromoo quuqqaa isatti dhaga'ame ittiin ibsachaa turedha. Akka ragaan raghimtoota irraa argame ibsutti, geerarsi kun afoola yeroo sirni biyya bulchu cunqursaa namoota yookaan hawaasarraan ga'u geerarama. Hawaasichatu haala hojii hammeenyaa sirnichi irratti raawwachaa jiru ittiin ibsachuuf itti dhimma ba'a. Walumaagalatti, uummanni Oromoo yeroo sirna abbaa lafaa sana keessatti hacuuccaa abbaan lafaa irraan ga'aa ture mormii isaanii geerarsaan akka ibsachaa turan ragaan argame ni mirkaneessa.

Yeroo kana kan quuqama qabu hunduu dabaree isaatti geeraree rakkoo isaa himachuun hawaasa daddammaqsa. Namni kamuus geeraree quuqama isaa ibsachuu nidanda'a. Kana malees, ergaan geerarsa kanaa inni guddaan akka geerarsa ajjeesaafaa geeraranii cimina ofiitiin dhaadachuufi namni hamma koo geessu hi jirtu jechuu miti. Inni kun ergaan isaa kan gaddaan guutameefi jamaan hunduu keessatti miira isaa ibsatudha. Akka ragaan argame ibsutti, namni geerarsa diddaa cunqursaa kana geeraru irra caalaa nama firri isaa sirna mootummaa biyya bulchuun ajjeeffame, nama mana hidhaatti dararamaa ture, nama ilmi isaa mootummaadhaan dirqisiifamee adda waraanaatti ergameefi nama sirni gabbarsuu abbaa lafaa hiyyoomsee ta'uu ni danda'a.

Walumaagalatti, Oromoon eenyummaa jiruufi jireenya isaa keessatti miidha geggeesse geerarsatti fayyadamee morma. Mormiin isaa kunimmoo hawaasa hunda (qonnaan bulaa, hojjetaa mootummaa, daldalaa, maanguddoo, dargaggoota, kan barate, kan hinbaranneefi kkf) akka hirmaachisuuf irratti hojjeta. Hawaasni hundi waliin ta'ee diddaa isaa gara agarsiisuutti dhufuun immoo miidhama sana carraa qixxeessuu qaba. Hawaasni hundi dammaqaa ta'ee sirna miidhaa irratti geggeessaa jiru akka hubatuufis nigargaara. Kunimmoo, hawaasni hunduu eenyummaa diduu akka horatu taasisuu nidanda'a. Adeensa akkasiitiin immoo eenyummaa diddaa kan waloo ijaaramuu nidanda'a jechuudha. Geerarsi armaan gadii kunis diddaa siyaasaa kan agarsiisuufi taa'anii du'a eeggachuurra falmachuun mala filatamaa akka ta'e agarsiisa.

Saani dhalaan nu nyaate
Inni kormi nun dhiisuu
Keessaa qalanna malee
Ashkariin nutti olkaatee
Abbaan aangoo nun dhiisu
Falmannee duuna malee
(Qixxeessaa Daannoo)

Akka walaloo geerarsa armaan olii irraa hubatamutti, waan nu miidhuu hin qabne erga nu miidhee inni kaanis waan nuu hin hilleef falmachuu qabna jedha. Saani dhalaan silaa waan nama nyaachuu hin qabnedha. Dhaltee kan elmatan, naannoo mana jireenyaa irraa kan hin fagaanneefi sangaa caalaa kan namatti dhiyaattudha. Akkuma kana kan warra aangoo qabuuf ergamu hawaasa keessa kan jiraatu, abbaa aangoo caala hawaasatti kan dhiyaatuufi haariiroo hawaasa waliin kan qabudha. Haa ta'u malee, akkuma saani nama nyaattu, innis

hawaasa basaasee hamaatti waan kennuuf odeeffannoo argatu irratti hundaa'ee abbaan aangoo miidhaa nama irraan ga'uun isaa hin oolu.

Adeemsa siyaasa biyya kanaa keessatti caasaa basaasaa diriirfachuun odeeffannoo argametti fayyadaamuufi aanga'oota sadarkaa gadiitti fayyadamuun miidhaa geggeessuun waan amaleeffatamedha. Geeraraan kunis kana irraa ka'uudhaan erga basaastuufi ergamtuun nu miitee inni aangoo ol'aanaa qabummoo nu hin dhiisu jedha. Miidhaan sunimmoo kan ergamtuu akka caalus geerarsicha irraa hubachuun nidanda'ama.

Akka walaloo geerarsa armaan olii kanatti karaa abbaa aangoos ta'ee karaa ergamtuu miidhamuun waan hin oolleef taa'anii miidhamaa ta'uurra falmachuun filatamaadha. Geerarsi kun aanaa Jimmaa Gannatii irraa argame. Geerarsa kana kan geerare dargaggeessa Waggaa digdamii shanii Qixxeessaa Daannoo jedhamu yoo ta'u, haala yeroo ilaalcha keessa galchuun akka geeraramu ragaa afgaaffiitiin mirkaneesseera.

Geerarsi Armaan olii kun kan keessatti qabsoof walkakaasuuf fayyadudha. Kunis, haala jiru kana taa'anii ilaaluun miidhama waan nama hin oolchineef falmachuun furmaata akka ta'e eera. Kanaafuu, geerarsi Oromoo eenyummaa Oromummaa ijaaru haala yeroo wajjin dhaloota akka wal simsiisu hubachuun ni danda'ama. Kana malees, ijaarsi eenyummaa adeemsa walitti fufiinsaan geggeeffamu malee waan dhaabbataa akka hin taane hubachuun ni danda'ama. Eenyummaan ruqoolee adda addaa bu'uura godhachuudhaan haala naannoo, biyyaafi addunyaa ilaalcha keessa galchuudhaan jiruufi jireenyi waan fakkaatu waliin mijeessaa kan adeemamu sochii walitti fufiinsa qabudha (Elliot, 2005; Holloway & Freshwater, 2007).

Hawaasni afaan, aadaafi seenaa walfakkaata qabu xiinsammuun isaafi haalli addunyaa kana itti hubatu walfakkaataadha. Waliin jibba, jaallata, deeggara; akkasumas, morma. Ilaalchaafi hubannoo faallaa kan qabummoo geerarsatti fayyadamee gara barbaadetti harkisa. Geerarsatti fayyadamee eenyummaa irratti fe'ame keessaa haqee eenyummaa ofii barbaadu keessatti ijaara. Kana jechuun uummata hundatu mormuu qaba yoo ta'e, geerarsa miira hundaa tuquu danda'u fayyadama. Keessumaa, geerarsoota ergaa armaan olii qaban fayyadamee bakka diduu qabnutti waan deeggare qofaaf miidhama hinoollu jedha. Sababni isaa, deeggartes mormites bu'aan argamu walfakkaataa ta'uu nidanda'a. Walumaagalatti, geerarsa armaan olii kana irraa kan hubatamu wayita rakkinni hawaasatti dhufuufi cunqursaan kallattii adda addaatiin hammaatu furmaanni isaa taa'anii haala jiru ilaaluu osoo hintaane kallattii danda'ameen diddaa agarsiisuun baayyee barbaachisaadha.

## Goolaba

Adeemsa dhiyaannaa geerarsaa keessatti haalli ittiin dhimmoonni adda addaa dhiyaatan xiqqaa irraa gara guddaatti adeema. Of faarsuu, abbaa, haadha, balbala, caccee, qomoo, saba jedheetu gara uummataatti darba. Kana jechuun namni tokko waanuma naannoo isaa jirurraa eegaleetu gara waan waliigalaatti darba. Waanti waliigalaan Oromoon qabummoo Oromummaadha. Oromummaan immoo waan shaniin mul'ata: aadaa, seenaa, afaan, duudhaafi Ogumadha. Kanaafuu, eenyummaa waloo kan jennummoo waan Oromummaati. Kana keessatti waan Oromoon

fakkaatu, keessa darbe, amma keessa jiruufi gara fuulduraatti ta'uuf jedhutu geerarsaan himama.

Sirnoonni Habashaa bara moloksee mana amantaa Ortodooksii Abbaa Baahiree irraa eegalee uummata wanti inni qabu jalaa diigamaa as ga'edha. Oromoo Yeroo sanaa kaasee aadaa, seenaa, afaan, duudhaafi oguma isaatti waan duulameefi addaan jalaa faffaca'eef maloota garaagaraa fayyadamee tikfachaa tureera. Keessumaa, yeroo sanarraa eegalee hojiifi gochi isaanii waan eenyummaa Oromoo ibsu hunda diiguu, sobaan faaluufi dhabamsiisuu irratti kan xiyyeeffatedha. Adeemsa kana keessatti afaan, aadaa, seenaa, amatiifi duudhaa kan isaanii akka kan Waaqatti akka ilaalamu, kan Oromoo immoo hojiifi gocha seexanummaa fakkeessaa sammuu dhalootaa faalaa turanii jiru. Kana keessatti garuu, Oromoon abdii osoo hin kutatiin konfedereeshinii garaagaraa sadarkaa adda addaatti ijaarratee eenyummaa isaa tikfachaafi wal bira dhaabbachaa tureera. Haala jiru hunda keessatti biyya isaa, lafa isaafi laga isaa irratti aarsaa adda addaa kanfalaa jiraateera. Waan waliin qabu kana immoo geerarsa isaa fayyadamuun sammuu walii isaafi dhaloota boodaan dhufu keessa kaa'aa tureera. Kunimmoo Oromoon geerarsa fayyadamee eenyummaa isaa ibsachaafi ijaarrachaa turuu isaa agarsiisa.

Oromoon aadaa, seenaa, afaan, duudhaafi ogumni isaa kan biroon akka hin dhuunfatamne kallattii garaagaraatiin diddaa isaa agarsiisaa tureera. Malli ittiin diddaa isaa agarsiisu keessaa tokko immoo geerarsadha. Geerarsa isaatiin rakkoo, dhiphuufi gadadoo jiru uummata ibsatudha. Sabni Oromoo uummata walqixxummaatti amanudha. Falmiin isaa yeroo hundumaa ani nan caalaa osoo hin taane anis nama kaan hin caalu, namni kaanis na hin caalu kan jedhudha. Seenaa biyya Itoophiyaa keessatti garuu, jedhi walqixxummaa jettu afaan miidiyaafi aanga'oota siyaasaa keessa qofa jira. Akka miidiyaafi siyaasaatti walqixxummaan biyya Itoophiyaa irra darbee addunyaa guutuu ga'a. Dhugaan jiru garuu, jechiifi gochi walqixxummaa jedhu dhukkuba garee muraasaati. Kanneen ani uummattoota biyyattiin waliin qixa miti, aadaa, seenaa, afaaniifi eenyummaan koo kan eenyuuyyuu nicaala warra jedhaniin yeroo dheeraa rakkataa jiraatti. Egaan, Oromoo kana didaafi faccisuun biyyattiin sirna walqixxummaatti akka amantuuf uummata adda durummaan qabsaa'udha.

## Wabiilee

Asafa Jaleta. (2007). *Oromummaa: Oromo Culture, Identity and Nationalism*. Oromia Publishing Company: Atlanta Georgia.

Baxter, P.T.W. (1986). The Present State of Oromo Studies: A Resume. *Bulletin des Etudes Africaines de l'INALCO 6 (11), 53-82*.

Ben Amos, D. (1975). Folklore in African Society: *Research in African Literatures, 6 (2), 165-198*

Cerulli, E. (1922). *Folk Literature of the Galla of Southern Abyssinia*. (3): Harvard: African Studies.

Coposescu, S. (2011). Aspects of Identity Construction in the Context of Globalization. *Bulletin of the Transilvania University of Brasov Series VII: Social Sciences • Law • 4 (53) 2, 19-24*

Dafaa Jamoo (1983). *Safuu Biyya Keessaa*. Ayira/Wallagga

Dirribii Damusee. (2009). *Ilaalcha Oromoo: Barroo Amantaa, Sirna Bulchiinsaafi Seenaa Oromoo*. Maxxxansa 2ffaa Mana Maxxansaa D.G. Finfinnee.

Dirribii Damusee. (2015). *Seenaa Eenyummaa Oromoo*. ELLEN P.P.PLC

Eshete Gemeda. (2008). *African Society and the Egalitarian Values: Oromo Folklore Literature and Cultural Studies in a Cotemporary Context*. Syddansk Universitat: Institute for Littaratur, Kultur OG Medier, (PhD Thesis).

Finnegan, R. (1977). *Oral Poetry: composition Performance and Context*. Combridge: Combridge University.

Gadaa Melbaa. (1988). *Oromiya: An Introduction to the Oromo People.* Minneoapolis: krik house Publications.

Gleason, Ph. (1983). Identifying Identity: A Semantic History. *The Journal of American History 69.4: 910-31.*

Hewitt, J. P. (1994). *Self and society: a symbolic interactionist social psychology (6th edition)*. Boston: Allyn and Bacon.

Jenkins, R. (2004). *Social identity (2nd edition)*. London: Routledge.

Tajfel, H. (1978). *Social categorisation, social identity and social comparison*. In H. Tajfel (Ed.), The achievement of group differentiation (pp. 77-98).

Mekuria Bulcha (1997). The Poletics of Linguistic Homigenization in Ethiopia and the Conflict Over the Status of the Afan Oromo. *African Affairs, 96 (384):325-352*.

Melucci, A. (1989). *Nomads of the Present: Social Movements and Individual Needs in Contemporary Society*. Hutchinson Radius, London.

Oring, E. (1994). The Interests of Identity. *Journal of American Folklore. 107.424: 242-47*.

Propp, V. (1984). *Theory and History of Folklore (5)*. University of Minnesota Press, Minneapolis.

Reicher, S. (1996). The Battle of Westminster: Developing the social identity model of crowdn behaviour in order to explain the initiation and development of collective conflict. *European Journal of Social Psychology 26, 115–134*.

Taylor, V. and Whittier, N.E. (1992). *Collective identity in social movement communities: Lesbian feminist mobilization.* In: Morris, A., and Mueller, C. (Eds), Frontiers of Social Movement Theory. Yale University Press, New Haven, CT.

Tesfaye Tolessa Bessa. (2019). *A History of Oromo Literature and Identity Issues. (c. 1840-1991)* (PhD Dissertation), Addis Ababa University,

Tsega Etefa. (2012). *Integration and Peace in East Africa: A History of the Oromo Nation.* USA: Palgrave Macmillan.